



Oromo Studies Association Newsletter

Volume 1

November, 2009

Included in This Edition:

1. Message from the President
 2. Dr. Getachew Jigi's Key Note Speech
 3. Message from Dr. Mohammed Hassan Ali
 4. Report from Harvard Professor
 5. Noteworthy Issues
 6. Lake Koka Pollution Project Update
 7. OSA Membership Updates
 8. New book release
 9. 2010 OSA Mid-year Conference
 10. Article Contribution
-

1. Message from the President:

Dear All,

It has been three months since OSA had its 2009 Annual conference in Atlanta, Georgia. It is my sincere convention that OSA members and OSA supporter have been thinking of what we have to do to enhance the Oromo cause. The 2009 OSA annual conference at Atlanta, Georgia was well organized. On behalf of the 2010 OSA Executive Committee, I would like to thank Dr. Abebe Adugna and Dr. Mohammed Hassen Ali for a well done job and their leadership. Several quality research papers were presented for which the OSA Executive Committee and OSA board of directors are very thankful. The following major topics were presented at the conference based on the theme of "**Looking for**

Opportunity in Crisis: The Challenges of Freedom, Human Rights and Sustainable Development in Oromia and Horn of Africa.” The main topics were the role of theology in social justice, Human rights and USA foreign policy, external legitimacy, authoritarianism and state terrorism, the triple enemies of peace and development in Ethiopia. Factors that helped the Ethiopian regimes stay in power, and Environmental pollution.

In 2009, OSA awarded the OSA Distinguished Award to Dr. Asfaw Beyene. Howard University won the OSA Institution Award. The OSA life time award was given to Sheik Mohammed Rashad Abdulle

During the business section OSA General Assembly elected the following new officials:

1. For Executive Committee Dr. Begna Dugassa was elected as President-Elect, while Dr. Mosisa Aga was elected as membership and development Officer.
2. For Board of Directors, Dr. Peri Klemm, Mr. Ibssa Ahmed, and Dr. Guluma Gemedra were elected.
3. For OSA Auditor Mr. Abera Tefera was elected.

The general assembly amended several OSA Bylaws which will be posted on OSA web-site.

As a non-profitable organization, OSA is facing financial hardships. In 2008-2009 financial year, the total income including grants was \$17,861.16. In the same period the total expenses including conference cost and cost of publishing journal of Oromo studies was \$ 13,645.74. As of September 30, 2009 the balance was \$ 4,215.42

In 2009, OSA was privileged to have J/ Daud Ibssa, chairman of Oromo Liberation Front (OLF) at the Atlanta, Georgia annual conference as an honorary guest.

This year the OSA Executive committee has drafted very ambitious goals and would like to challenge all Oromo professionals and friends of the Oromo people to implement these goals. OSA belongs to all Oromos and Oromo friends. Therefore, OSA Executive committee has outlined the following tasks:

1. OSA Executive Committee wants to lead OSA members to produce results in their respective fields and specializations. To achieve this goal OSA EC has proposed to organize OSA members under the following Ad hoc committees and small groups.
 - A. Environmental Group
 - B. Health Group
 - C. Orommuma and Oromo Religions Group
 - D. Economic Group
 - E. Educational Group
 - F. Agricultural Group
 - G. Engineering Group
 - H. Women Group

- I. Youth Group
- J. Leadership Group
- K. Others

2. Implementation of basic ideas.

OSA EC encourages Oromo Professionals to start with simple projects and keep on building. For example, we can start rebuilding the elementary school we attended by organizing a small group, OSA EC has decided to post one article presented at OSA conference per week. To start with we have posted Dr. Getachew Jigi's Key note speech below. Please read and give us your feed back. We appreciate your participation.

Haile Hirpa, PhD
OSA President

2. Dr. Getachew Jigi Demekssa's OSA confirence 2009. Keynote Speech.

Mootuumaa Oromiyya Ijaaruun Dirqama

"OSAn Oromoo beektotaa gosa hunda of keessati amatee waan jiruuf rakko Oromoo hunda furuuf dandeeti waan qabuuf rakko kana keessa akka nu basuu dhamacha beektoon Oromoo hund ilee akka OSA cimnaa dhabatan ni gaafaadha"

Kabajamaa Dura ta'aa OSA DR Ababa Adunya

Kabajamtoota Miseensoota OSA

Kabajamtoota Keessummoota Hirmattoota,

Guyyaa Har'aa kana barreeffama **Tokkummaan Mootuummaa Oromomiyaa Bilisomtee Ijaaruun dirqama** jedhu waltajjii kana irratti dhiheessuu fi rakkoo uummata Oromoo isin waliin mari'achuuf carraa naa kennameef maqaa uummata Oromoo fi GPOn qaama kaanaf galata dhiyeessuu barbaada.

Rakkoo Oromoo hundaa ni beektu, waggaa 20 ol qoorannoo fi xiinxala bala'a fi dheeraan dhihaachaa turuu anis nan dhagaa'a. Kanaafuu ani dhaamsaa fi furmaata maal goonu waan jedhu firemwork xiqqaa waliin dhiheessee yaada namoonni dhiheessan hundaa akka irratti mari'anun barbaada.

Uummatni Oromoo Gaanfa Afriikaa keessatti bilisummaa dhabee rakkoo dhala namaaf hin malle keessatti dararamaa jiru kun beektoota Oromoo irraa abdii guddaa Eegata. Oromoon bilisummaa aragtee biyya isaa irratti abbaa ta'ee beektoota isaa walin guddina biyyaa kara hunda fiduuf of

amantan hojjetee jireenya isaa jijjiiruuf hawwii gudaan nu Eegachaa jira. Fedhii uummta kana fashalesuf diin waan hunda gochaa jira.

Ergaan koo inni guddan Wayyaaneen Qabsoo Bilisummaa fi Qabsoo siyaasaa hunda dabalatee fulaa isaa jijjiree gara waldhaabbdi Amanta, fi Gandatti akka jijjiramuu gochuuf karoora ol'anatti qoopheesun yeroo dheeraaf hojjeecha turan. Karoora isaan kana salphatti kan hojii irraa olchuu kan danda'an Qabsoo Oromoo kessatti ta'ee jira. Uummani biyyati hundi qabsoo bilisummaa fi qabsoo mootuummaa jijjiru dhisaan wal dhaabdee amanta fi Gandan hunda'ee irratti akka xiyefatan godhame. Biyya keessatti saba fi sablamiin hundi lamumman utuu hin tanee, Amantan ykn Naannoon akka wal qoodan, akka wal loolan gocha jiru. Fknf wal dhaabdee amanta Iluabba Bora, Arsi, Wallaga, Harargee kessatti deemsifame. Naannoon ammo Gujii fi Boorana, Somale fi Oromoo, Gumuzii fi Oromoo, Afari fi Oromoo, Amhara fi Oromoo kkf adeemsifama jira. Biyya ala fi dhaabbilee qabsa'oota keessatti ammo Nannoo fi Amanta akka baballatuu gochuun Di'aspora ala hundi fi dhaabbileen siyaasa huda gidutti digumsa geesisa jiru. Ijoollee Oromoo heddun immo erga diina kana utuu hin hubatiin rawwacha jiru. Waan kun asi irratti qoofa dubanee waan xumuruu mitti garu bakka geenye hundatti gocha kana hubachisun barbaachisadha.

Diinni Oromoo soba dhugaa fakkeessee odeessuun aanga'oota addunyaatti michoomee gargaarsaa fi deggersa argatee ittiin waggoota hedduuf nu garboonfate. Oromoon ammoo haqa qabu wal hubachiisee wal tumsuun rakkoo isaa Addunyaatti ibsachuu dadhabuun isaa nama gaddisiisa. Rakkoon kun kan irraa maddu wal tumsuu dhabuu, odeeffannoo wal jijjiiruu dhabuu, caasaa adda addaa diriirfachuu ahanqachuu, miidiyaa fi qunnamtii cicciimaa uummachuu dhabuu, qunnamtii kanuma jirutti iyyuu fayyadamnee yakka diinaa saaxiluu irra olola wal irratti oofuun wal dhadhabsiisuu ta'e. Kottaa haa mari'annuu diina irratti ololuu moo of irratti ololuutu furmata? Yaada furmaataa maddisiisuu fi hojii qabatamaa hojjechuu dhiifnee waan nu diigu odeessuun hojii guddaa taatee jirti, rakkoon kan dubbatamuuf furmata barbaaduuf malee rakkoo odeessuu qofaan furmata ta'uu hin danda'u.

Paltookiin qabsoo akka gargaruuf yaadamee baname utuu dhaaba waggaa 40 diinni ittfayyadamee utuu diiguu fi uummata Oromoo facaasuu argaa jirra. Paaltoki keessaan diinni gugatee ilmaan abbaa tokkoo Oromoo kan wal nyaachisaa jiru, yamuu ta'uu miidiyaan kun faayidaa guddaa akkuma qabu ergaa diinaa dabarsuun illee balaa guddaa qabaachuu isaa hubannee hin jirru. Raadiyoo, TV, fi website dhaan kan odeessu rakkoo, hama, diiggaa, olola, yoo foyyee qabate wareegama qabsa'ootaa dhageenya. Oduun baqattootaa biyya keessaa fi biyya alaa, kan dhaabaa fi kan uummta rakkoo qoofa ta'ee jira. Beekaan keenya kan odeessu rakkoo, hogganni kan odeessu rakkoo! Gabaasa fi ergaan emailiin argannu hundaa rakkoo hima. Mariin godhamu waa'ee rakkoo, xumurri isaa rakkoo dabalataa fi diigumsaa ta'ee jira. Namni walga'ii deemu qoophaa'ee kan dhaqu diguu ykn hooggana balaleefachuuf malee yaada furmataa kan maddisiisu nama murasa ta'aa jira. Nama yaada furmataa haaraa maddisiisu illee inaaffaan yaada isaa dhaga'uu diduun rakkoo uummata hameessa jiru. Uummta keenyaaf fi hegeree Oromiyaaf yaadi dhiyataa turan hundi lafatti gatamanii rakkoon uummatichaa akka itti dheeratu taasifame. Dantaa sabaa fi uummataaf hojjechuun hafee dantaa murnaaf fedhii nam-tokkeef gugachuutu babala'te. Kanaaf adeemsa akkanaa asi irrati dhaabnee Dhaabbilee Oromoo hundi tokkummaan gara yaada furmataa fi hojii qabatama Tokkummaan Ummaanee Mootuummaa Oromomiyaa Ijaaruun dirqama qabna jedha. Dhaamsi koo iini jalqabba kana, muranoo fi murtee keessantuu Oromoo hunda irraa barbadama. Wagga dhufuu utuu hin tanee deebi atatama barbaadna.

Waan ani dubadhu kana hin beektan jechuu koo miti garuu, gaaffii, haawwii fi feedhi bilisummaa uummatichi qabu fi hangan irraa quba qabu isiinti dhaamachun fedha. Kanaaf rakkoo uummata kanaa irratti xiyyefannoo gochuun akka irratti mari'annee furmaata barbadnuuf waanan gudunfadhee keessaa xiiqqoo dhiheessuu barbaada:-

1. Rakkoo waliigala fi yaakaa uummata keenyaa irra gahaa jiru.

Uummatni Oromoo Miliyoona 40n lakkaawamuu abba biyyuuma isaa fi mirga hundaa molqamee, seera ittin bulmaataa qabu dhorkamee, qabeenya isaa irratti ormii abbaa itti ta'ee, misooma fi guddina biyyaa keessatti akka hin hirmanne taasifamee jira. Afaan fi aadaan Oromoo akka dhokatu taasifame, tokkummaan isaa diigamee, mirga uumamaan inni qabu irra molqame jira. Oromoo hidhun guyya hara'aa kana ilee daran haamata jira.

A. Mirga uummata Oromoo sarbamee fi dararama irra gahaa jiru;

Dhalli namaa mirga dhalootaa fi seeraan egamuufii qabu qaba. Uummatni Oromoo garuuu biyya isaa keessatti lammii lammafaa ta'uu gadi ta'ee seera addunyaa mirga bineensaa kunuunsuuf labsame illee dhabe jira. Jaarsa jaarti, dhalaa fi dhiraa, beekaa fi wallaalaa barataa fi qootatee bulaan hundi Oromoo ta'ee waan dhalate qoofaf cubbuu fi yakki biyya lafaa hundi irratti raawwatamaa jira.

Waan na namadeese keessaa tokko filannoo wayyaanee darbe irratti nammoota Qinjjit deggeran Finfinnee keessatti ajjeefaman 193 midiyyaa fi uummata Addunyaa biratti yammuu iyyaatamuuf Oromiyaa keessatti wayta lubbuun Oromotaa 400 ol ta'u bade addunyaa jalaa dhokachuu isaa ti.

Mootummaan Ameerikaa goolessitoota/Terrorists/ ittiin lolla jeedhee meeshaa ammayaa fi Konkolaatota ammayaa inni waayyaneef kenne meeshaa ittiin uummata Oromoo fi uummatoota Gaanfa Afriikaa biroo ittiin fixan taasifame. Sirna dimookraasii ittiin ijaarra jechuun gargaarsa wayyaaneen mootummoota dhihaa irraa guurtu sochii dimookraasii ittiin hukkaamsuuf oolfame.

Bulchiinsi pirezidanti Buush diktaatora Ityoophiyyaan walii galee yakka barattootaa fi uummata Oromoo irratti raawwatamee ukkaamsee hambse. Ameerikaan deggersa Diktaatora lubbuu kumatamaa fixaa jiru kanaaf gootu amma illee itti fuftee jirti. Fixiinsi lubbuu geggefamee:-

1. Fincila Diiddaa Garbumaan wal qabatee lubbuun barattootaa fi uummta nagaa dhume guyyaa tokko ifa ba'a,
2. Finfinnee Magaalaa guddittii Oromiyaa jijjiramuu mormachuun lubbuu bade, hiidhaa fi hojii irra ari'amuun;
3. Deggertoota ABO jedhamuun Godina Oromiyya hunda keessatti Oromootni dhoksa fi ifatti dhuman Harargee (Gaara Sufi)tti kan dhuman dabalatee dhokatee hafe;
4. Filannoon wal qabatee Miseensoon WFDO fi OBK Oromiyya keessatti dhoksaadhan halkan guuramanii ajjeefaman fi guyyaa saafaa kan ajjeefaman manatu beeka;

5. Seena biyyati keessati Miseensoon Paarlaama 12 lammi Oromoo irra yeroo tokko dhibamani biyya ba'uun fi uumman kumoota heedun lakka'amu biyya ari'atamu ;
6. Uummtaa fi Uummata Amantaa fi Gosaan walitti naaquudhan walitti buu'iinsa dhalateen kan dhume kuma heduutti lakkaawama;
7. Seeran ala murte malee Oromo 40,000 mana hidhat darbtamu fi murte siyyassan Oromooti du'ii murta'uun isaa bor wayyaanee mal akka isaan eguu waan beekanf.

Mootummaan TPLF diimokiraasiin biyya Itoophiyaa keessatti akka hin hojjenne sababa inni ittisuuf hanga tokko isnii himuun barbaada:-

- a. Mallas Zeenaawwii 'Silent Killer' fixiinsa sanyii hiriya hin qabne waan raawwatee jiruuf yoo tayitaa irra bu'e waan addunyaan kanaan dura hin beeknetu ifa ba'aa;
- b. Mallas qabeenya biyyaattii harka 80% ol deggertoota isaa waliin dhuunfatee waan jiruuf gaafas kunis saaxilamee harkaa bahuuf deema. Waan ta'eef aangoo gadi dhiisuu hin barbaadu; Kubaniyan TPLF 1600 ol ta'uu malaqa biyya basa jiru ;
- c. Sabaa fi sab-lamoota walitti buusuun lubbuu hedduu waan balleesseef gocha duguuginsa sanyiin gaafatamuun isaas waan hin oolle ta'uu waan beekuuf; Lammi biyyati keessa Oromoo qoofaa irra meshaa waraana hikachisun Oromoo ficisisan ;
- d. Deggersa uummataa waan hin qabneef sirna diimokiraasiin filaannoon dhuggaa yoom illee akka jiraatu hin barbaadu;
- e. Lammiiwwan ollaa keenyaa Somaalota sababa tokko malee daangaa ce'ee fixiinsa dhala namaa dalageef akka hin gaafatamneef taayitaa irraa bu'uu hin barbaadu;

Mallas Zeenaawwii fi TPLF filannoo bara 2005 irratti injifatamanii garuu humnaan aangoo irra turan. Uummatni akka isaan hin barbaanne filannoo kana irratti sirriitti itti agarsiise. Aanga'ooti addunyaa keessattuu USA fi UK murtii uummataa kana irra tarkaanfachuun deggersa isaan diktaatora kanaaf godhan nama gaddisiisa. Yakka dugguugaa sanyii dhala namaa irratti Itoophiyaa fi biyya ollaa keessatti raawwatame hundatti kan itti gaafatamu Mallas Zeenaawwii ti. Sababi isaas tarkaanfiin kami iyyuu biyyattii keessatti rawwatamu murtee Mallas malee waan hin rawwatamneef. Kana yammuu jennu namootni gochaan kun yakka ta'uu isaa utuu beekanii murtee kana raawwatan hundi gaafatama jalaa hin bahan.

B. Oromoon Misooma Dinagdee fi Hawaasummaa irraa ala ta'uu isaa;

Qabeenya Oromoo mootummaa Federaalaan guuramee galu keessaa illee Bajata deggersa Naannoo Oromiyaaf kennamu madaala kamiin iyyuu xiqqaa dha. Bajata waggaatti federaala irra Gargaarsa (subside) lammii Tigiraay tokkoof qarshii 500 yeroo ramadamu lammii Oromoo tokkoof garuu waggaatti qarshii 70 hin guutu. Kana keessaa immoo Yeroon bajata gadi dhiisuu daangessuun erga yeroon darbee gadi dhisu, booda immoo hanqina humna raawwachiisu

dhabiinsaan hojii irra oluu dadhabe jechuun Miliyoona hedduu bajata gubate jedhanii naannoo Tigraayitti ergu.

Bu'uura misoomaaf kan oolan karaan, ibsaan, telekomunikeshiniin, bishaan qulquluun, jaal'isiin, diirreen xiyyaaraa, Oromiyaa keessatti oduun malee qabatamaan hojjetame hin jiru. Qonnaan Oromiyaa keessaa Xaa'oo utuu biyyoon hin qoorataminii fi xaa'oo sadarkaa isaa hin egane dhaabbata daldalaa TPLFn gurguramu qotee bulaa Oromootti diriqiin itti gurguruun lafa Oromiyaya summii biyyoo balleessuuf (Soil Acidity) akka saaxilamu godhanii jiru. Misooma qonnaa Oromiyyaa keessaa akka kanaan badee qootatee bulaan Oromoo seenaa isaa keessatti beela hin beekne belaa saaxilamee jira.

Tigraay keessatti karoorri Barnootaa, fayyaa, bishaan dhugatii uummata waliin ga'uuf midhaan nyaataan of danda'uu sagantaa addunyaa Miliyeniyeem bara 2015 xumuramuuf karoorfame mootummaan naannoo Tigraayiiif waan hundaa guuteefii ammuma iyyuu xumramee jira. Kan Oromiyaa garuu hin egalamne yoon jedhe hin dogogorre, Miidiyaatti dubachuu fi waan NGO tokko tokko hojjetan jiraachuu ni mala garuu, Godina 17, Aanaalee 200 Gandoota 6200 ol ta'an keessatti manni barumsaa fi Kellaan fayyaa ganda hundaa wal ga'ee jedhame yoo gaafatame nami mirkaneesu hin jiru. Uummati 25,000 Buufata fayyaa tokko uummati 75,000 Hospitaala ammayyaa tokko argachuu qaba kan jedhuu karoorri kun Tigraayi keessatti malee Oromiyaa keessatti hin hojjenne. Jal'isiin Tigraay ganda hundaa keessatti humna mootora xixiqqaan qotee bulaan fayyadamuu Oromoof maaliif hin yaadamne. Horsiisee bulaan Oromoo bishaan dhabe horii isaa wal in dhuma jiru lammii sablammoota biraa hidhachiisanii itti bobbaasuun fixuun maaliif?. Akasiin Oromoo baleessan Oromiyya dhufachuu yaalaa jiru.

Seera barnootaa fi kitaaba barnootaa jijjiiruun barataan Oromoo seenaa naannoo isaa barachuu dhorkamee ol aantummaa Tigraayi fi waa'ee seenaa Aksumii fi tokkummaa empaayera Itiyophiyaa ijaaruu akka barataniif godhama jira. Kitaaba dabbalootna TPLF oogummanin barreessamanii fi Mana maxansaa wayyaanee Meegaatti maxansiifameetu qarshii milyoonaan lakkaawamu itti gurgurataniin ol antummaa Tigraay faarsuun ijoollee keenya ittiin sammuu doomsaa jiru. Oromummaa baleessan Itiyophiyyumma ijaraa jiru.

Lakkobsa Ummataa Oromoo dhoksudhan lakkobsaa dura turee irra ilee gadii hanqisan ka'uudha baajetaa haqa fi bu'uura misoomaa akka hin arganee goodhani jiru ;

Finfinneen irraa Oromiyyan Galii argachuu qabu seeran murta'ee waggoota 18 akka hin arganee TPLF dhorkamee jira OPDOon Oromoof qabsa'uuf dandeeti hin qabdu ;

Afaan Oromoo Afaan Biyyoleessa akka ta'uu falmaa WFDOon gegesa jiru TPLF harkati cufee jira. WFDO filaannoo bara 2010 ti lammi isaa bakka bu'ee wayyanee kan gafatuuf deemu Afaan Oromoo Afaan Biyyoleessa ni ta'aa moo hin ta'uudha? Deebiin TPLF fi OPDOon deebisan jireenya isaan murtessuf deema yoo dhuggan jirteef ?

Sagantaa TV afaan Oromoo qabsoo meeqaan argame hanguma ta'eefuu TV federaalaa irraa biyya alaatti tamsafamu STVO jedhanii guutummaatti sagantaa dhaaba maxxannee wayyaanee OPDO qofa dabarsutti jijjiiruun sana iyyuu biyya keessatti daanggeessan. Miseenstni Paarlaamaa illee uumma keenyaaf akka hin falmneef dhiibamnee biyyaa akka baanu taasifamne. Yeroo ammaa

kana ammoo TPLF sagantaa hunda jijjiiree Sabaa fi Sab-lammii biyya sana keessaa balleesse Impaayeraa jaaruuf fiigaa jira. Labsii dhihoo kana baase keessatti Kitaaba Herregaa ala warri kaan akka jijjiiraman gochaa jiru, kana keessaa barreefami kan dura waa'ee mirga sabaa fi sablammii ibsan, seenaa uummataa fi aadaa fi afaan uummataa calaqqisan hunda jijjiiruuf murteefatanii jiru. Yeroo ammaa kana Oromootni ala jirru seenaa Oromoo, qabeenya, fayyaa fi barnoota kan ilaaluun fuula hundaan barreessinee biyya akka galu taasisuu bannan dhalooti dhufu seenaa Tigraay qofa barachuuf dirqisiifamaa akka jiru hubachuu qabna.

C. Oromoon Qabeenya isaa guutumaatti TPLFn dhunfatamuu fi saamamuu ilaalchisee;

Oromoon maqaaa investimenttiin lafa isaa saamame, uummati lafa isaa irra buqqa'e beenyaa madalawaa hin taaneen ari'amu isaa caalaa abba qabeenyaa lafa isaa fudhatu biratti illee dursi keenameefii akka qacaramu hin taasifamne. Investeroonni lafa fudhatan, ashuura mootummaa naannoof galuu malu miliyoona hedduu hin kafalle, uummati keenya carraa mana barumsaa, buufata fayyaa kkf ykn investera irraa ykn mootummaa naannoo irraa argachuu qaban hin arganne. Waan jedhaa jiru kanaaf Kaaba Oromiyaa hanga Kibbaatti, Baha Oromiyaa hanga Dhihaatti fakeenya hedduu fi kubaaniyaa hedduu maqaa isaanii isnii dhiheessuu ni danda'ama.

Maqaa abbaa qabeenyaa (investerii) jajjabeessuu jedhuun ilmaan Tigraayi I Oromiyaa lafa qonnaa fi albudaa erga qoodatanii booda isa hafe froottan isaanii ykn hiryoota isaanii biyya alaa keessattuu biyyoota Arabbaatti gurgurachaa jiru. Namoota lammii biyyaa ta'an muraasa biyya alaa irraa kottaa lafa fudhaa jechuun lafuma Oromoo Oromootti gurgurachaa jiru. Tooftaa kanaanis siyaasaa isaanii akka deggeran hawwachaa jiru. Akka kanaan nammooti horii fi garaa isaanii jaallatan (money lovers) tokko tokko biyyatti galanii Wayyanneetti harka kennachaa jiru. Inveestimentii Ityoophiyaa dugda duuba dirqama hedduutu jira. Keessaahuu abbootii qabeenyaa Oromoo dirqama dachaatu irra jira. Maallaqa Ityoophiya keessa galchee irratti abba ta'uu yoo barbade waan wayyanneen jettu fi dirqama isheen laattu hunda raawwachuu qaba. Kanaafuu Inveesteriin ykn abbaan qabeenyaa Oromoo biyya keessa jirus ta'e ala irraa Ityoophiyaatti galu hundi OPDO ta'uuf dirqama. Yeroo ammaa immoo qondaalota Mootummoota biyya adda addaa dabalatee maallaqa seeraa ala horatan lafti kennameefii Ityoophiyaa keessaatti investi gochaa jiru, warra kana keessaa Pirezidantii Djibutii, Pirezidaantii Sudaan, Keniyaa, Saudi Arabiya, biyyoota arabaa fi kan biroo hedduutu lafti Oromiyaa akka badhaasaatti kennameefii jira. Wayyaanoti lafa Oromootiin fira bitachaa jiru. Qabeenyan Oromoo TPLF hirachaa jiru fi maqa Investimenttiin gurguraachaa jiru kun seera kamin iyuu haqa qabeesa waan hin tanef bor uummataa Oromoof waan deebi'uuf namoon fi dhaabbileen daldaalaa maqa inveestimentin qabeenya Oromoo samaama jiru kana keessati akka hin hirmane Gummin Paarlaamaa Oromoo balinan akeekachisa cima dabarse jira.

Yakki eenyummaa Oromoo balleessuuuf dalagamaa jiru saamichaa fi lafa isaa irraa buqqisuu kan caale ammoo xuriin waarshaa qilleensaa fi bishaan summeesu, xaa'oo qonnaa biyyoo summeesuu fi kan qonnaa abaaboo ykn daraaraa keessaa lafa Oromiyaa mancaasaa jiru lubbuu lammiiwwan keenyaa hedduu galafachuu irra dabree, hegere Oromoo fi biyya Oromoo balleessuu ta'e jedhamee hojjetamaa jira. Kun ammuma dhaabbachuu baayyee yaadessaa dha. Kan dhaabsisuun qaama qabsoo bilisummaa deemsisaa jirruu ti. Fakkeenyaaf lixa Wallgaa gutuumaa keessatti biyyoon xaa'oon summaa'ee uummati qonnaan bulu rakkoo guddaa keessa jira. Uummata lafti qonnaa isaa manca'e lubbuu isaa baraaruuf qonnaa naannoo bifa isaa jijjiiruun homisha midhaanii irraa gara bunaa, Urgooftuu horsiisa kannisaa fi kkf-tti jijjiiruun dirqama. Eeenyu kana haa godhu?

Yeroo bifaa qonnaa jijjiramuu kana keessa uummati akka hin beelofneef sagantaa gargarsaa (Safty Net) jedhamuu jalatti gurmeessuun jireenyi uummatchaa karaa mootummaa akka wabii argatu Paarlaamaan gaafatamaa turu gurri dhaga’u hin argane. Waan jennu kana hundaaf furmaati Walumaa gala mootummaa kana achi kaafnee uummati Oromoo aangoo politikaa harka isaa galfatee ofiin of bulchu malee saamicha, cunqursaa, gidiraa fi dhiphiin uummata keenya irraa hin dhaabbatu.

Sagantaa qabeenya uumamaa fi uummata Oromoo Oromiyaa keessaa balleessuu kana keessatti Bosonni Oromiyaa guutumaatti fkn. bosonni Baallee, Arsii, Gujii, Harargee, Iluu Abbabooraa, Wallagaa fi bakkoota biroo akka badu taasifamaa jira. Bineensotaa fi qabeenyi uumamaa biroos kana keessa dhabamaa jiru. Gocha lammiiwwan Oromoo fi qabeenya uumama Oromiyaa mancaasuu kana saaxiiluun dhaabbilee miti- mootummaa qabeenya kana baraaruuf hojjetan waliin sochii cimaan hatattamaan godhamuu qaba. Wayyaneen Hoji fi Ta’iitan biyyati ifaati Tigroota qoofan akka Oganamuu godhamee jira. Haaluma kana sochii biyyati Malas jaalati Minsterootan hojeetama ture bakka 5ti qoodani hundu Malas jala erga galanni booda malas jalati namoota lammi Tigiray tananti guyya guyyan akka gabbasan godhaman jiri. Yaaka Fixiinsaa Sanyi wayyanen Geesisuf deemtuuf of qopheesu. Sababi isaa Humni waraana biyyati ilmaan Tigiree qoofa ta’ee jira. Ajaajooti Waraana Ol’anannon biyyat hundi Tigree ta’ee jira, kanaafu furmata hatatamaaf qoophee addaa goochuu qabna. Gocha kana of irra facisuuf Oromoo qoopha’aa hin jiru. Kanaaf atataman jeequmsa dhaabbilee Oromoo giduu jiru kana dhaabnee, qabsoo gara diinati deebisu qabna.

2. Dhaabbilee siyaasaa Oromoo giddutti rakkoo mulatu

Dhaabbileen siyaasaa Oromoo walaba ta’an baay’achuu fi ijaramuun uummata Oromoof sodaa miti, caaraa dha malee, biyya keessaa fi biyya alaa dhaabbilee Oromoo jirachuun karaa hundaa bu’aa qaba, Garuu dhaabbilee heedumeesuun qoofa isaati bu’aa hin qabu. Dhaabbilee bayyachuun matan isaa malatoo wal shakuuti. Hawaasi biyya hin ijaarratin jiruu fi qabsootti jiruu fi diina tokkoo waliin qabu jaarmayaa siyaasaa baayyifate ilaalchaan yoo qoodame rakkoo qaba. Ammoo dhaabbileen Oromoo jiran baayyeen isaanii gandaa fi gosa irratti ijaaraman yoo ta’eef adeemsi akkanaa tokkummaa sabichaaf balaa qabaata. Hawaasi ilaalchaan qoqqoodame tokkummaan bilisummaa isaaf lolachuu irratti dhibdee qabaata. Inni biyya keessa jiruu rakkoo uummata keenya irra ga’uu iyyaachuun, eenyu uummata keenya irratti yaaka hojjetaa akka jiruu galmeesuun, saamiicha qabeenya Oromoo irratti geggeefamaa jiru eenyu akka hojjetuu fi kkf yaakoota uummata keenya irratti raawwatamaa jiran addunyaaaf kan gabaasan jiraachuun, galmee seenaa booriif ni gargara.

Waldaan Maccaa - Tullama fi Waqeefanaan dhorkamee qabeenyi isaa saamamee maqaa Oromoon qaami socho’u tokko illee dhabamee jeennaan maal goonu jechuun waggaa lama guutuu Jaarsoolii Oromoo fi Hayyuu Oromoo walitti waamuun marii’achisuu egalle. Lammii Oromoo ABO jedhamanii mana hiidhaa jiraniif biyya keessatti nami iyyatuuf, barattoota Oromoo eenyumaa Oromoof yunivarsiitii hundaa keessatti fincilaa jiraniif, kan akka dhaabbatti Oromoof iyyatuuf hin turre. Obbo Bulchaa Dammaqsaa dabalatee jaarsoolii duraan siyaassa keessa hin seennu jeedhanii turan rakkoo kana erga hubatanii booda dulluma keessa humna isaanii fi qabeenya isaanii hundaa utuu wal irra hin kutin falmii mirgaa irratti gummaachaa jiru. WFDOn Qabsoo egalee ja’aa lama keessatti yaaka Mootummaa TPLF ummataa fi hawassa adunyati biiratti saxiludhan wayyaneeeti yaadoo ta’ee, Paarlamaa keessatti mirga saba keenyaf falmachuu fi mootumma morormuunkana

ummani keenya mootummaa diiduu fi irratti finciluu akka danda'uu barsifne jira. Guyya gaafa ijaramee kasee waregama lubu bayee bassa jira. WFDOon akka dhaabbile biirroo Degersa Di'aspora biyya ala irra dhabun isaa humna fi degerssa ummataa gutuu qabu akka itti hin fayadamne goodhe jira.

Dhaabbillee ala jiran immoo fuulaa tokkoon qabeenya xiqqoo jirtu itti gargaaramee humna jiru qabsoo irra akka oolfatutu barbaadama. Qabsoo bilisummaaf godhamuu keessatti dhaabbillee adda addaa jirachuun bu'aa isaa irra balaa isaatu hedduumata. Qabsoo bilisummaa biyyootni gaggeessan Palastiin, Afganistan, Zmbabuwe, Angola, Somalee kkf akka ragaati dhiheesuun ni danda'ama. Tokkumaa Oromoo fi bilisummaan Oromoo kan hin hafnee ta'uu isaa qabsa'oon uni tokko jeedhan qabsoo irratti wareegaman seena tokkumaa Oromoo Diggan iaanin barreesan darban dhaaloon hara'aa harkan haquu yaala jiran. Ani waanan dubachuu fedhu waan gochuu qabnu irratti. Biyya tokko keessaatti dhaabbilleen siyaasaa yaada addaa addaa qabaatan jiraachuun diimokraasii dagaagsuuf, dorgommi babal'isuu fi hojii saffisiisuuf barbaachisaa dha. Qabsoo bilisummaa keessatti garuu humna namaa fi qabeenya muraasa jirtu tamsaasuu irra iyyuu gufuu walitti ta'uu fi icciti baasuun diinaaf wal saaxiluu kkf balaa hedduu qaba.

Biyya Itiyoopiyaa keessatti filannoo bara 2005 irratti WFDO, KUO, OPDOon fi Oromoon dhunfaan dorgoman akka dhaabbilee Oromootti sagalee Oromoo gargar qoodanii bakka mursati kan injifataan horma turan. Fakkenyaaf Bushooftuu keessatti WFDO, KUO, OPDO fi Oromota dhuunfaa 9 ta'an fi Qiniijitit. Waligalatti namooti 13 dhihaatanii Oromoo harki 90 guddaan ol Oromoo filatee garuu sagaleen bakka 12 qoqqoodamaa waan tureef Oromooti dorgoman injifachuu hin dandeenye. Dhaabotiin Oromoo kana irraa barumsa argatanii hanga bilisummaa Oromoo dhugoomutti humna isaanii tokko taasisuun dirqama. Warri dhuguma bilisummaa Oromoo barbaadan tarree tokko irra dhaabbachuun barbaachisaa dha. Ummati kenyas kana barbaada. Dhaabbillee Oromoo lama biyya keessaa haal duree tokko malee akka isaan wal ta'an kan dirqisise uummata. Kanaafuu dhaabbileen Mirga hiree of ofiin murteefachuu, feedhii Oromoo hunda fi dantaa uummatichaa irratti wal ta'uu qaban.

Dhaabbileen Oromoo Dadhaabina qaban siirfachu qabu insi, Humna ta'uu dadhabuu, Miseensa namusa fi hubanoo qabu horachuu fi to'aachuu dhabu, of gamagamu dhaabbu, seera dhablumaa fi namusaa dhabuun babalachuu, ecitiin egamu dhaabuun, hawwasaa ofi duka hirirsu dadhabuu, media isaan to'aachu dhabuu, hawwasaa akka qoodamu kara banu, rakko dhunfaa dhaabban wali qabsisu- rakko dhaabba hawwasan waliti hidhu, kana darbee rakkon kun hanga ini biyya galuti caalisan ilaaluu. Ummataa abbaa qabsoo ijoolee gootaa dhaalchee qabsooti irra wareegee wal dura dhaabuun dhaabba ni baleessa malee hin cimmisuu. Goochaan kun atataman siirachuu qaba. Dhaabbillee yaada ummataa kana hin fudhane, tokkummaa saba keenya tiksun qabsoo bilisummaa irrati kan hin xiyyefanee lammi Oromoo hundan balalefatamu qabu.

3. Rakko Diaspora (Hawwassa biyya ala) Keessaa jiru.

Hawaasaa ykn Diasporan biyya nagaa fi biyya demokraataawwa keessa jiratu Uummataa keessa ba'ee kan nagaa fi mirga dhaabee garbama jalati jiratu sana harka qabee rakkoo keessa basun dirqama lammummaati jeena. Garuu haali mullacha jiru kara hunda faalaa ta'ee jira. Waan hunda caalaa dursa kan argachuu qabu rakkoo Uummataa Oromoo fi Ormiyya walgalati. Miseensoon dhaabba kami iyyu waan hunda duraa rakkoo Uummataa isaanf dursa keenu qabu. Itti ansee

dhimmaa dhaabba isaa isaan itti dabaluun dhimmaa Oogana ykn Miseensoota isaani irratti hojeechuu qabu. Sababi isaa Ogaani ni jijirama, dhaabbilee sadarka tokko irratti baduu ni mala, kan hin jijiramnee fi kan itti fufu lammii Oromootti inni iyuu tanan yoo xiyyeefannoo keenuuf banee balaa guddan mudaachuu mala. Kanaaf Diasporan ala jiru waan hunda caalaa Uummata irra dhaalatee biyya jiruu fi tokkummaa Oromoof dursa keenuu dhaabbilee Oromoo ilee tokkummaa isaan cimmsani bilisummaa Uummataa isaanf akka qabsa'aan dhibba gochuu qaba. Diasporan Oromoo rakkoo Uummataa isaa utuu beeku rakkoo xixiqoo dhaabbilee keessa jirtu afarsuun lammi isaa biyya keessa diinan du'aa jiru irratti falimachuu irra of qusachuun seena birratti akka nu gaafachisu beeku qaba. Lammin Birroo hagami akka isaan dhaabbilee isaan biyya keessa fi biyya ala irratti qabsa'aa jiranf tumsa, deggersa fi kabaja isaan wali qaban ijaan arga jira. Oromoo ilee of jalaa hirirsuf waan hunda goocha jira. Hawaassi ala jiru dhaabbile hidhanoon lola jiran akka deeggersi guddan barbaachisu beekke, dhaabbile biyya keessa kan kara nagaa qabsa'an ilee deggersa isaan barbaachisu hunda goochuun dirqama. Biyya keessatis ta'ee boosoonatti qabsoon godhamuu deeggersa diaspora barbaachisa. Lammin Oromoo ala jiruu 200,000 socho'ee qabsoo bilisummaa yoo waan hunda deggere bilisummaan keenya hin faagatu. Deeggersa tokko ilee utuu hin godhin yoo namoota mursa irra bilisummaa egna tatee bilisummaan hawwii qoofa ta'uu malti. Diina irratti akka hiirira hin banee qaami nu dhorkuu yoo jiratee ergama diina qoofa. Qabsa'oota Oromoo kalleessa laga fi amantan utuu wal hin qoodiin wal birra dhabbatan, wal dukka beela'aan, waliin diina dura dhaabatani Oromuummaa isaaniif wareegaman kayyoo isaan bakkan ga'uun nu irra egama.

4. Fedhi, gaaffi fi dhammsi uummata Oromoo keessaa

Uummatni Oromoo erga garbofamee kaasee qabsoo irraa of qusatee hin beeku. Addunyaa kana irratti lammiin akka Oromoo bilisummaa isaaf hanga danda'ee qabsa'aa jira. Carraa isaa ta'ee baroota qabsoo bilisummaa geggeese hundaa keessa diinni isaa gargaarsa meeshaa fi tumsa biyya alaa yammuu argatan Oromoon argachuuf hin milkoofta malee loluu dhadhabee ykn sodaatee miti. Uummati Oromoo uummta goota. ABO illee rakkootu quunnamaa jira, yoo haqaan ilaallee rakkoo uummata Oromoo waggoota dheeraaf mudatant isas mudachaa jira malee loltuun Oromoo ykn qabsa'ootni Oromoo qabsoo laaffisanii miti. Lola ABOon geggeese keessatti warri lubbuun jiran dubbachuu danda'u, Oromoon sodaa tokko malee wareegama hedduu akka kafale shakkii tokko malee dubbachuu dandeenya. Qabsoon kun waggoota dheeraaf itti fufee kan jiru illee qabsoo haqaa fi wareegama qaqqaalii waan baaseef, fedhii fi gaaffiin uummata Oromoo waan hin deebi'in jiruuf.

Fedhi fi gaaffin uummata Oromoo gabaabaa fi ifaa dha, Bilisummaa fi Abba Biyyumaa isaa mirkaneesuu qofa. Ofiin of bulchuu barbaada. Sababi isaa immo mootumoota Itiyoophiyaa dhufaa darba itti wal jijjiiran waan garboofatanf. Mirga isaa irra ejetan, Qabeenya isaa saaman. Abbaa biyyaa fi abbaa qabeenyaa keenya kan taanu, mirgi keenya eegamuu kan danda'u, afaanii fi aadaan keenya kan kabajamu yoo bilisoomnee ofiin of bulchuu dandeenye qofa dha. Kana mirkaneefachuu immoo qabsoo ABO waggaa dheeraaf geggeessaa jira. Kaayyoon Adda bilisummaa Oromoo utuu gaaffii taayitaa ta'ee gaafa mootuummaan Dargii kufee mootumaa keessaa qooda fudhate taayitaa qooddatee sirna jiru keessatti hojjeta ture. Ykn immoo deggersa uummataa dhabee akkuma dhaabbilee biroo dhabama ture. Uummati kun dhaaba kana irraa utuu abdi hin kutatin kan duukaa cichee jiruuf kaayyoo haqaa waan inni hordofuu fi gaaffiin uummata Oromoo deebii argachuu dhabuu irraa ti. Dhaabbilee Oromoo Bilisummaa Oromoo hin deggere

kam iyyuu umuriin isaanii gabaabaa fi deggersa Uummataa kan hin qabne ta'uu isaanii qabatamaan mirkanaa'ee jira.

Uummatni Oromoo abba biyyaa akka ta'uuf Dhaabbilee Oromoo fi qabsa'oota Oromoo gumaachuun murteessaadha. Sababi isaa waan jaallannuuf ykn jibbinuuf utuu hin taane Oromoon ijjoolee isaa kan itti dhabee fi Qabsoo kana jiraachisuuf waan hundaan waan itti dhadhabeef. Qabsoo kana asiin ga'uuf fi addunyaatti beeksisuuf wareegama qaqqaalii hedduutu itti bahe. Kanaaf Qabsoon lubun heedun itti waregamee kana bakka ga'uun dirqama. Keesumati Madda qabsa'oota Oromoo hunda kan ta'ee ABO dhabota siyaasaa biro irraa adda kan godhu namtokkeen ykn namooti muraasi qofti dhunfatanii akka barbaadanitti oofuu kan hin danda'amne ta'uu isaa ti. Eenyuumaa keenyaa iyyuu kan nu barsise ABO ta'uu haaluu hin dandeenyu. ABO fi dhaabbilee Oromoo walaba mirgaa fi haqa saba isaaniif dhaabbatan wajjin marii gochuun, tokkummaan hojjatanii tokkummaa sabaa keenyaa eeguun gaafatama seenaa fi dirqama hamileetu irra jira. Tokkummaan hojjechuuf akka walii galus abdi guddaa qabna. Kanatu mootummaa Oromiyyaa ijaaruu nu dandeesisa. Qabsoon Oromoo Kaayyoo bala'aa fi Ummataa bala'aa irratti kan ijaarame waan ta'eef Oromoo hundi abdi utuu hin kutatin waggoota 40 qabsoo itti fufe jira. Biyya Oromoo fi Mootuummaa Oromiyya ijaru ala furmata birra hin jiree isiinti dhamatu.

Dhaamsi ummataa kana Diasporan, Hayyuun, walistoon, abbotii qabeenya Oromoo hundaan nu qaqaba nu diirmadha jecha jiru.

Dhaabbilee Oromoo ergaa Wayyaanee of duubaa hin qabne tokkummaan qabsoo geggessuu qabu, garuu farreen tokkummaa, loote seentota(infiltraters) wayyaanee irraa of eeggachuu barbaachisa. Oromoon yeroo ammaa kana waan inni qabuu fi itti obsu tokkummaa isaa waan ta'eef dhaabbilee Oromoo tokkummaa uummatichaa eeguun hunda irra murteesaa ta'uu isiin dhamatu. Diinni Oromoo qoodee biituuf karooraan waan hojjetuuf akka utuu hin beekin diinaaf karaa hin banne of eegannoo guddaa gochuun barbaachisaa dha. Fedhiin uummataa bilisummaa ta'uu isaa erga amannee bilisummaa dura wal qooduun bilisummaa barbaadamu hanqisuu akka danda'u hubachuun nama hin dhibu. Kanaa ala diina dhiisanii wal dura dhaabbachuun ajeechaa, reebicha fi samiicha fi wareegama guumaa hin qabne baasuun Oromootti yeroo dararaa dheeresuu ta'uu isaa dhamatuu.

Humnaa fi qabeenya Oromoo diinni itti faayyadamaa jiru dantaa Oromoo fi bilisummaa keenyaaf itti fayyadamuu qabna. Amantaan mana Waqqaatti lubbuu keenyaa fayyisuuf lafa irratti illee lubbuu keenya salphattee rakkachaa jirtuuf nu qaqqabuu qaba. Oromoon Musiliama, Kiristaana, Waqeeffataa hundi Oromummaa isaatti qixxee ajeefamaa jira. Kanaafuu amantaa fi lagan utuu wal hin qoodin wal bira dhaabbatee tokkumman bilisummaa uummata isaaf lolachuu qaba. Uummani bilisummaa hin qabne amantin isaa akka hin kabajamne kan waaqeeffatan yammuu bakka itti waaqeeffatan humnan irraa ari'amanii fi dhorkaman agarree mirkaneeffannee jirra. Walumagalati Oromoo biyya keessa kan barbaddu Tokkumma Oromoo, Bilisummaa Oromoo, Tokkummaa dhaabbilee siyyassa Oromoo hirmana lammi Oromoo hundan Abba Biyumma isaa deefachudha.

5. Maal gochuu akka qabnu fi yaada furmaataa

Bilisummaa ni barbana? Tokkummaa Oromoo cimmisu ni barbana? Erga kana ta'ee dhaabbileen Oromoo tokkummaa Uummaani Mootummaa Oromiyya ijaaruf rakkoon guddan hin jiru. Rakkoo kanaa olitti dubbane seenaaf ol kaa'uuf utuu hin taanee maal goonu jennee furmaata akka itti barbanuuf. Waan as dhufneefis fedhii uummata keenyaa ija itti gochuuf yaada wal jijiruu erga ta'ee hunda keenya wal irrati utuu hin tanee diina irrati qabsa'uuf hamurteefanuu. Rakkoo odeessuu gofa utuu hin taane gara hojiitti haa deemnu jennee wali gallaa taanaan fulaa hundaa humna Uummachuu, dirree lolaan, dirree siyaasaan, ijaarsaa fi hawaasaa hiriirsuun, quunnamtin, diplomaasii fi jaarmiyota mirga dhala namaaf falman ijaaruun, madda dinagdee uummachuu fi karaa hawaasummaan, kara hunda socho'uu qabna. Walumaagalatti tokkummaa dhaabbilee Oromoo fi fedhi Uummataa Oromoo hunda kan ta'ee Mootummaa Oromiyaa hundeesuf jaarmiyaa fi dirree nu hojjechisuu danda'uu ijaaruun amma. Kun waan yeroon itti kennamu miti. Har'aa ykn bori ganama Oromiyyan yoo bilisoomtee Tarsiimo fi saganta kami irratti hojjena?. Kun dirqamaa Hayyuu Oromooti malee, Qabsa'aa dirree irraa jiru ykn Uummata siirna garbuma jala ture kana irra egun siir miti. Hundi keessan akka na hubaachaa jirtan abdiin qaba. Waan hin olle har'a itti yaaduun barbaachisaadha, hawaas Aaddunyaas taanan adeemsa keenyaaf qophi keenya ilaalee nu bira dhaabbata. Yoo nuti waan bu'aa fi hiika qabu hojjetaa hin jiru ta'e, ofii keenyaan dhimma keenya geggeeffachuu fi ofiin of bulchuuf dandeettii hin qabnu ta'e garuu waan nu bira dhaabbatuuf jiran natti hin fakkaatu. Buddeen nama quubsu Eelee irraatti beeku jedha mitii ree Oromoon. Biyya Oromoo fi mootummaa Oromiyaa ijaarra eenaa jennu mootummaa akkamii ijaaruuf demna. Sirna mootummaa akkamiitu seenaa, aadaa fi egeree Oromoof tolaa dha jennee bilchinaan yoo irraatti hin mari'atin, akkuma mootummoota Itiyoophiyaa heerota mootummoota biroo akka jirutti garagalchinee ittiin deemna yoo jenne dhibdee akka qabaatu asuma irraa beekuun gaarii dha. Mootummaan Oromiyaa ijaaramuu qaba jennee dubbannu mootummaa walaba ta'ee fi sirna dimokrasii irratti hundaa'e akka ta'u wal nu hin falamisiisu. Haa ta'u malee sirna dimokraasii amayya fi sirna ittiin bulmaataa Oromoo (sirna Gadaa) akkamiin wl simsiisuu dandeenya isaa jedhu irratti hayuun Oromoo balinan irrati hojeechuu qabu.

Uummati Oromoo bilisummaa barbaada kanaaf wayyaanee dura dhaabbatee wareegama kafalaa jira erga jennee fedhiin Oromoo bilisummaa ta'uu irratti walii gallee xumuraachuu qabna. Kana hunda gochuuf qabsoo wal irra hin cinee goone bilisumma keenya dhugomsudha. Kana booda akkuman bara 2006 TV Eritrea irrati dubadhe Oromiyyan akka biyyati Oolaa ishee kan barbadee waliin Federeshin ykn Konfederation Uummatootaa Gaanfa Afrika waliin hundeeffachu ni dandesi jeedheen ture. Onga'oon Wayyaanee fi Eritrea immo kanuma xiinoo jaalisan isaan jalati federeshnin akka buulu nu barsiisu yalaa jiru. Namoon Oromoo fi Oromiyya maliif akka barbaadan waan beeknuuf, nama nu waliin jirachuu feedhu dura mirga keenya kabaju qabida ittin jenna.

Kanuma waliin mootummaan Oromiyaa ijaaramuu qaba ennaa jennu yaadi Mootummaan Oromiyaa ijaaramee jira jedhu (OPDON) Uummtaa sobu yaalaa jira. Kanaaf mootummaan maqaa Oromoon Oromiyaan bulchaa jira jedhu mootummaa kittallayyoo wayyaanee ta'uu isaa iffati ibsuun barbaachisaa dha. Mootummaan suni ofiifuu mootummaa bilisa akka hin ta'in kan koloneeffataan achi kaawwate collaborator/kittillayyoo/ ta'uu isaa ragaan saba Oromoo caalee hin jiru. Mootummaa Oromiyya ijaarun nu hin barbaachisuu wari jeedhan yoo jiratan immo waara qabsoo hin egalin ykn waara qabsoo gurguratee qoofaa. Malee Uummani Oromoo Bilisummaa fi Mootummaa Oromiyya feedha.

Qabsoo kana furgaasuuf furmaati biraa dhaabbilee Oromoo tokko ta'uu qabu. Dhaabbileen Oromoo biyya keessaa wal ta'uun Uummata biyya keessaa gammachisee jira, kan biyya alaas wal ta'uu wan isaan dhorku hin jiru. Dhaabbilee siyaasaa kaayyoo adda addaa qaban silas tokko ta'uun hin salphatu. Kanneen kaayyoon isaanii wal fakkaatuu fi walitti dhihoo sababa isaan adda addaa deemaniif hin jiru. Fedhii murnaa fi ilaalcha siyaasaa xixiqqaan addaan qoodamuun kaayyoo bilisummaa isaa guddichaaf bakka kennuu dhabuu irraa adda miti.

Lubbuun Oromoo rasaasa wayyaanneen, wal dhabbii Uummtooa naannoon, xurii warshaa fi abaaboon dhuma jiru, barattoota barumsa irraa ittifamaa jiran, ajeefamuu, ari'amuu, Oromummaa isaatiin yakkanii hojii dhorkachuu fi hojii irra ari'uu kun dhaabbachuu qaba. Rakkoon nutti heddumatu illee fedhii bilisummaa Uummatni keenya qabu guutuuf falmachuun dirqama. Biyyi keenya tokkoo, hireen keenya tokkoo, diinni keenya tokkoo waan ta'eef waan walii galuu nu dhorku hin jiru. Teenyee qabsaa'oota komachuu dhiifnee, lammii irratti wal irratti duuluu dhiifnee diina irratti duuluu Eegaluu qabna. Wal irratti barreessuu dhiifnee diina irratti barreessuu, lammii irrattii loluu dhiifnee diina irrattii loluu, wal irratti guufuu ta'uu dhiifnee diinatti guufuu haa taanu. Wal iyyaachuu dhiifnee waliif dirmaachuu murteefachuu qabna.

Kana gochuuf immoo furmaati maali ? Oromoo karaa hundaa fi dandeettii isaa hundaan wal gurmeessee waan tokko hojjechuu qaba. Bilisummaa fi biyya Oromoo ni barbaanna erga ta'ee humna tanee bilisummaaf lolu qabna. Warri waraanaa of duuba yaadu dhiisee gara fulaa duraatti akka bobba'uuf fi of duuba millaachuu, yaada'uu dhiisee murannoon fi abdiin lolaaf bobba'uu qaba. OSA'n Giddugaleessa beektoota fi Hayuulle Oromoo hundati Jarmiyyan kun Oromoon rakko inni keessa jiru kana keessa basuuf humna isaa hundan tokkummaa fi bilisummaa isaa akka mirkana'uu hojeechuu qaba. OSG, ORA kkf irraas Oromoon abdii guddaa qaba, dhaabbileen mirga dhala namaaf falman biyya alaa fi biyya keessatti Oromoof falmachuu qabu.

